Beeksisa Adeemsota Iccitii DSHS odeeffannoo Fayyaa Maamilaatiif (DSHS Notice of Privacy Practices for Client Medical Information)

Sadaasa 1, 2025 irraa kaasee kan hojiirra oolu

DSHS (Department of Social and Health Services, Kutaa Tajaajiloota Hawaasummaa fi Fayyaa) mirgoota iccitii HIPAA (Health Insurance Portability and Accountability Act, Seera Itti-gaafatamummaa fi Ittifufiinsaa Inshuraansii Fayyaa) keessan isin beeksisuu qaba. (45 CFR (Code of Federal Regulations, Koodii Dambiiwwan Federaalaa) §164.520). DSHS'n akka seera HIPAAtti "qaama hojii wal-makaa (hybrid entity)" dha. DSHS hundi HIPAA jalatti hin hammatamu, sagantaaleen weebsaayitii DSHS irratti akka Qaama Kunnuunsa Fayyaatti tarreeffaman qofatu HIPAA jalatti hammatama. Beeksisi kun maamiloota sagantaalee hammataman sanaan tajaajilaman qofa irratti hojiirra oola. Beeksisi kun ulaagaa tajaajila DSHS argachuuf qabdan irratti dhiibbaa hin uumu.

Beeksisi kun odeeffannoon fayyaa keessan akkamitti akka itti fayyadamamuu fi ibsamuu danda'u, akkasumas odeeffannoo kana akkamitti argachuu akka dandeessan ibsa. Maaloo of-eeggannoon ilaalaa.

PHI (Protected Health Information, Odeeffannoo Fayyaa Eegumsa Qabu) maali?

Odeeffannoo Fayyaa Eegumsa Qabu (PHI) jechuun odeeffannoo fayyaa maamilaa kan kutaalee DSHS HIPAA jalatti hammatamaniin qabameedha. PHI'n odeeffannoo fayyaa isiniin walqabatu kan waa'ee haala fayyaa keessanii, kunnuunsa fayyaa isiniif godhamu, ykn kaffaltii kunnuunsa fayyaa keessaniiti. DSHS seeraan PHI keessan eeguuf dirqama qaba.

DSHS waa'ee koo PHI akkamii qaba?

Isin tajaajiluuf akka nu gargaaruuf, odeeffannoo fayyaa kan akka bakka jireenyaa keessanii, odeeffannoo faayinaansii ykn galmeewwan yaalaa nuuf kennuun isin barbaachisuu danda'a. Akkasumas isin tajaajiluuf ykn kaffaltii kunnuunsa fayyaa keessaniif maddoota biroo irraa PHI waa'ee keessanii argachuu dandeenya.

PHI koo eenyutu arga?

Hojii keenya hojjechuuf hamma PHI baay'ee xiqqoo nu barbaachisu qofaatti fayyadamna. Yoo seeraan hayyamame ykn isin yoo hayyamtan, PHI sagantaalee ykn namoota biroo waliin qooduu dandeenya. Fakkeenyaaf, kunnuunsa fayyaa keessan qindeessuu fi kaffaltii raawwachuuf, PHI'n keessan Abbaa Taayitaa Kunnuunsa Fayyaa (Health Care Authority) fi dhiyeessitoota kunnuunsa fayyaa biroof kennamuu fi itti fayyadamamuu danda'a. PHI darbe, kan amma jiru, ykn kan fuulduraa qooduu dandeenya.

DSHS PHI akkamii qoodda?

PHI keessan kan warri kaan hojii isaanii hojjechuuf isaan barbaachisu qofa fi akka seeraan hayyamametti qoodna. DSHS waggoota ja'an darban keessatti kaayyoo tokkoof PHI keessan eenyu waliin akka qoode tarree isaa gaafachuu dandeessu.

DSHS yoom PHI qoodda?

Tajaajiloota qindeessuuf fi yaala, kaffaltii, akkasumas hojiiwwan kunnuunsa fayyaatiif PHI haala “beekuun barbaachisaa ta’e” qofaan qoodna. Fakkeenyaaf, kannen armaan gadii waliin odeeffannoo qooduu dandeenya:

- Yaala fayyaa kennuuf fi bulchiinsa dhimmaa gaggeessuuf dhiyeessitoota kunnuunsa fayyaa waliin.
- Kaffaltii mijeessuuf jecha qaama tajaajila kunnuunsa fayyaatiif kaffaltii raawwachuuf itti gaafatamummaa qabu waliin.
- Sagantaalee DSHS tiif ulaagaa kan guuttan ta'uu keessan murteessuuf.
- Hojiiwwan keenya deeggaruuf, fakkeenyaaf kunnuunsi dhiyeessitoota irraa argattan ulaagaalee seeraa guutuu isaa murteessuuf. Sochiiwwan kun walitti qabinsa daataa, hojiiwwan hoggansa balaa, fi odiitiiwwan of keessatti qabachuu danda'u.

DSHS hayyama koo malee yoom PHI koo qooduu danda’a?

Dabalata yaala, kaffaltii, fi hojiiwwan kunnuunsa fayyaatiif ibsa godhamuun alatti, DSHS’n sababoota biroo tokko tokkoof hayyama keessan malee PHI qooduu danda'a. Seeraan, PHI keessan akka qoodnu nu irraa barbaadamu ykn hayyamamuu danda’a. Fakkeenyonni tokko tokko kanneen fedha armaan gadii of keessatti qabatu:

- Odeeffannoo fayyaa waa'ee keessanii michuu ykn miseensa maatii kunnuunsa keessan keessatti hirmaatan waliin qooduu. Isin qoodinsa kana mormuuf mirga qabdu. Yoo mormitan, nuti miseensa maatii ykn michuu sanaaf hin ibsinu.
- Sochiiwwan fayyaa hawaasaatiif, kanneen akka dhibee ykn miidhaa ittisuu ykn to'achuu, ykn dhalootaa fi du'a gabaasuuf, abbootii taayitaa fayyaa hawaasaa waliin qooduu.
- Gochoota miidhaa ykn dagannoo daa’immanii ykn ga'eessotaa, ykn jeequmsa maatii Tajaajila Eegumsa Daaimmanii, Tajaajila Eegumsa Ga’eessotaa, poolisii, ykn ejansiiwwan biroof gabaasuu.
- Ajaja mana murtii, ajaja ragaa kennu, gaaffii sakatta'insa ragaa, ykn adeemsa seeraa biroo jalatti, ykn adeemsa abbaa seerummaa fi bulchiinsaatiif galmeewwan dhiyeessuu.
- PHI ejansiiwwan to'annoo kanneen ogeeyyii fayyaatti hayyama kennan, akkasumas dhaabbilee yaalaa kanneen akka manneen kunnuunsa maanguddootaa fi hospitaalotaa galmeessanii fi sakatta'an waliin qooduu.
- Isin kunnuunsuuf, yoo tajaajiloota ykn faayidaaleef ulaagaa kan guuttan ta'uu keessan murteessuun barbaachise, ykn akka seeraan

hayyamametti, PHI ejansiiwwan mootummaa federaalaa fi naannoo waliin qooduu.

- PHI guddiftuuwwan ykn warra daa'imman umuriin isaanii hin geenyeef kennuu.
- Sodaa cimaa fi hatattamaa fayyaa ykn nageenya namaa tokkoo ykn uummataa irratti mudatu ittisuuf ykn hir'isuuf PHI qooduu.
- PHI murtaawaa ta'e abbootii taayitaa seera kabachiisan waliin qooduu.
- PHI qorannoof, piroojektii qorannoo mirkanaa'eef, yeroo icciitiin keessan eegamutti qooduu.
- Haalota tokko tokko keessatti, yoo isin miseensa waraanaa ykn raayyaa ittisaa duraanii ta'an, abbootii taayitaa waraanaa waliin qooduu.
- PHI ejansiiwwan Beenyaa Hojjettootaatiif (Workers' Compensation) kennuu.
- Haala ariifachiisaa keessatti ykn kaayyoo gargaarsa balaatiif PHI tti fayyadamuu ykn ibsuu.
- Erga du'a keessanii booda, PHI keessan bakka bu'aa dhuunfaa qabeenya keessanii, sakatta'aa reeffaa, qopheessaa sirna awwaalaa, ykn dhaabbata qaama namaa jijjiiruu waliin qooduu.
- Yeroo seeraan hayyamame ykn gaafatame.

Galmeewwan Yaala Rakkoo Fayyadama Wantoota Sammuu Hadoochanii

Hanga heeyyama keessan argannutti, ykn hanga seerota 42 C.F.R. Kutaa 2 (Kutaa 2.) tiin hayyamamutti, galmeewwan yaala SUD (substance use disorder, rakkoo fayyadama wantoota sammuu hadoochanii) hin qoodnu. Yoo galmeewwan Kutaa 2 keessan nama biraa irraa arganne, fakkeenyaaf dhiyeessaa yaala SUD keessan irraa, yoo HIPAA jalatti hayyamame galmeewwan sana ibsuu dandeenya. Haata'u malee, hanga isin barreeffamaan heeyyamanitti ykn ajaja mana murtiitiif deebii kennuuf ta'etti malee, adeemsota seeraa sivilii, yakkaa, bulchiinsaa, fi seera baastuu isin irratti banamaniif galmeewwan SUD hin ibsinu.

Yoo namni biraa PHI koo akka argatu barbaade hoo?

Qoodinsi tokko tokko kan beeksisa kana keessatti hin tarreeffamne heeyyama keessan barbaadu. PHI keessan beeksisa daldalaatiif itti hin fayyadamnu ykn heeyyama barreeffamaa keessan malee PHI keessan hin gurgurru. Haalota armaan gadii keessatti PHI keessan akka qoodnuuf unka heeyyamaa akka mallatteessitan gaafatamtu:

- Tajaajiloota ykn kunnuunsa kennuuf heeyyamni keessan yoo nu barbaachise;
- Yaadannoo yaala sammuu qooduuf heeyyamni keessan yoo nu barbaachise;
- Sababoota seeraan heeyyama keessan malee hin hayyamamneef, PHI keessan ejansii ykn dhiyeessaa biraatti akka erginu yoo barbaaddan; ykn
- PHI’n keessan nama biraatti, fakkeenyaaf abukaatoo, fira, ykn bakka bu'aa birootti akka ergamu yoo barbaaddan.

Heeyyamni PHI keessan qooduuf kennitan hanga guyyaa xumuraa isin unka sana irratti guuttanitti hojjata. PHI isin tarreessitan qofa qooduu dandeenya. DSHS'f barreeffamaan beeksisuun heeyyama kana haquu ykn jijjiiruu dandeessu.

PHI koo ilaaluu nan danda'aa?

PHI keessan bifa waraqaatiin ykn elektiroonikiitiin ilaaluu dandeessu. Yoo gaafattan, kooppii PHI keessanii ni argattu. DSHS'n kooppiiwwaniif kaffaltii madaalawaa isin gaafachuu danda'a.

Tarree PHI koo eenyuuf akka ibsame argachuu nan danda'aa?

Galmee herregaa, kunis tarree PHI keessan waggoota ja'an darban keessatti eenyuuf akka ibsame agarsiisu argachuuf mirga qabdu; garuu kun ibsa yaala, kaffaltii, hojiiwwan idilee, ykn heeyyama keessaniin godhaman hin hammatu. Ji'oota 12 keessatti galmee herregaa tokkoo ol yoo gaafattan, DSHS'n kaffaltii madaalawaa isin gaafachuu danda'a.

PHI koo jijjiiruu nan danda'aa?

Yoo PHI'n koo dogoggora jettani yaddan, PHI sana jijjiiruuf ykn PHI haaraa itti dabaluuf barreeffamaan nu gaafachuu dandeessu.

Nuti gaaffii keessan ni xiinxalla, garuu itti waliigaluuf dirqama hin qabnu. Akkasumas jijjiirama kamiyyuu warra kooppii PHI keessanii qaban biroof akka erginu nu gaafachuu dandeessu.

PHI koo qooduu fi haala ani itti argadhu irratti daangaa kaa'uu nan danda'aa?	Fayyadamaa fi qoodinsa PHI keessanii akka daangessinu barreeffamaan nu gaafachuu dandeessu, garuu nuti itti waliigaluu hin qabnu. Akkasumas PHI keessan bifa biraatiin ykn bakka biraatti akka isiniif erginu nu gaafachuu dandeessu.
Cabsi (Breach) maali?	Cabsi fayyadama ykn ibsa PHI keessanii kan HIPAA jalatti hin hayyamamne, hatamuudhaan baduu, dogoggoraan ykn haakiingii (hacking) of keessatti qabata. Yoo cabsi PHI keessan HIPAA jalatti jiraate poostaadhaan isin beeksifna.
Kooppii beeksisa iccitii kanaa argachuu nan danda'aa?	Eeyyee. Beeksisi iccitii kun kan keessan, of harkatti hambisuu dandeessu. Yoo beeksisa kana karaa elektiroonikiitiin argattan, kooppii waraqaa gaafachuu dandeessu, nutis tokko isiniif kennina.
Yoo gochawwaan icciitii PHI jijjiirame hoo?	Beeksisa kana kabajuuf dirqama qabna. Beeksisa kana jijjiiruuf mirga qabna. Yoo seerroni ykn gochawwaan iccitii keenyaa jijjiiraman, beeksisa kana ni haaromsina, kooppii isaas isiniif ergina ykn waa'ee beeksisa haaraa sanaa fi eessatti akka argamu odeeffannoo isiniif ergina.
Waa'ee beeksisa kanaa ykn mirga PHI kootii gaaffii yoo qabaadhe eenyun quunnamu qaba?	Yoo waa'ee beeksisa kanaa gaaffii kamiyyuu qabaattan, qondaala Iccitii DSHS DSHSPrivacyOfficer@dshs.wa.gov ykn bilbila (360) 902-8278 irratti quunnamuu dandeessu.
Sarbamuu mirga iccitii PHI kootii akkamittin gabaasa?	Yoo mirgi iccitii PHI koo sarbameera jetani amantan, iyyata keessan kutaalee armaan gadiitti dhiyeessuu dandeessu: The DSHS Qondaala Iccitii, Department of Social and Health Services, PO Box 45135, Olympia WA 98504-5135 ykn emailiin gara DSHSPrivacyOfficer@dshs.wa.gov. Yoo iyyata dhiyeessitan, DSHS'n tajaajila keessan hin jijjiiru ykn hin dhaabu, akkasumas haaloo isin irratti ba'uu hin qabu. **YOKIIN** Iyyata keessan onlaayiniin dhiyeessaa: https://ocrportal.hhs.gov/ocr/cp/complaint_frontpage.jsf ykn barreeffamaan: Office for Civil Rights, US Department of Health and Human Services, 200 Independence Avenue, S.W., Room 509F HHH Bldg., Washington, D.C. 20201, bilbila (800) 368-1019. Iyyatni DHHS (Department of Health and Human Services, Kutaa Tajaajilawwan Fayyaa fi Namummaa) dhiyaatu kamiyyuu guyyoota 180 sarbama iccitii jedhamee booda dhiyaachuu qaba.